DAA'IMA KEESSANIIF FOORMULAA HAARATTI JIJJIIRUU

IJOOLLEN FAYYAALEYYII TA'AN HEDDUUN FOORMULAA KAMIYYUU NI DHUGU

Kanneen armaan gadii yaadatti qabadhaa:

- Ijoollen formulaa sadarkaa isaa eeggate tokkoo gara biraatti cehan dafanii isa haaraa baru.
- Guyyaa 1–3 tif formulaa lachuu harka 50/50 walitti makaa.
- Daa'imni keessan suuta jedhee isa haaraa kan baru yoo ta'e, adeemsa ittiin formulaa jijjiiraniif hordofaa.
- Adeemsiwwan armaan gadii daa'imni formulaa tokko irraa isa biraatti cehuuf gargaara.
- Gaaffii yookin yaaddoo yoo qabaattan, hojjataa Special Supplemental Nutrition Program for Women, Infants and Children (WIC, Sagantaa Gargaartuu Nyaataa Addaa kan Dubartootaa, Daa'immanii fi Ijoollee) keessan yookin ogeessa fayyaa keessan gaafadhaa.

ERGA XUMURTANII BOODA

Formulaa qophaa'e olkaa'uu:

- Qajeelfamoonni kunneen formulaa daa'imni keessan si'a tokkotti sooratu caalaa akka qophaa'u gochuu mala. Osoo hin obaasin dura formulaa qophaa'e qaruurawwan -oz garaa garaa 2- hanga 4 tti gargar baasaa.
- Daakuu formulaa **qophaa'e** sa'aatii 24 kan hin caallef qorrisiistuu keessa kaa'aa.
- **Formulaa dhangala'aa yookin obaasuf qophaa'e** sa'aatii 48 kan hin caallef qorrisiistuu keessa kaa'aa.

Washington State Department of Health

DOH 961-149 October 2022 Oromo

Galmee kana bifa biraatiin dookumentii kana gaafachuudhaaf 1-800-841-1410 irratti bilbilaa. Maamiltoota dhagahuu hin dandeenye yookin dhagahuudhaaf baay'ee rakkattan yoo taatan, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa yookin WIC@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa.

SADARKAALEE FORMULAAN ITTIIN JIJJIIRAN:



YOOKAN



FORMULAA HAARAA KENNUUFII

Daa'imni keessan fudhachuufi dhiisuu adda baasuf formulaa haaraa kennaaf. Daa'imni keessan kanaan dura formulaa haaraa yaalee fudhachuu dide taanan, irra deebin yaalaa. Ijoollen guddataa deemu, dhamdhamni (taste) isaanis jijjiiramaa deema.

SUUTA FORMULAA HAARATTI MAKAA

Formulaa amma jirutti formulaa haaraa irraa xiqqoo ishee itti dabaluun eegalaa. Daa'imni keessan suuta suuta dhama formulaa haaraa baraa akka deemuf guyyaa gara guyyaatti formulaa isa haaraa iraa caalchisuun itti dabalaa. Torbee tokko keessatti daa'imni keessan formulaa isa haaraa fudhachuu eegala. Formulaa haaraa suuta barsiisuf qajeelfama armaan gadii hordofaa.

QARUURA AWUNSII 8 QABU TOLCHUUF:

	GUYYAA 1 & 2 IRRATTI	GUYYAA 3 & 4 IRRATTI	GUYYAA 5 & 6 IRRATTI	GUYYAA 7 IRRATTI
FORMULAA DAAKUU Sadarkaalee/adeemsa kana hordofuuf hanga (size) xaasaa irratti hundaa'un formulaa haaraa xaasaa 6–10 tu barbaachisa.	**WALIIN MAKAA** bishaan awunsii 8 + formulaa duraanii fal'aana 3 + formulaa haaraa fal'aana 1	**WALIIN MAKAA** bishaan awunsii 8 + formulaa duraanii fal'aana 2 + formulaa haaraa fal'aana 2	**WALIIN MAKAA** bishaan awunsii 8 + formulaa duraanii fal'aana 1 + formulaa haaraa fal'aana 3	Qopheessudhaaf qajeelfamaa xaasaa formulaa haaraa irra jiru hordofaa.
FOORMULAA DHANGALA'AA Sadarkaalee/adeemsa kana hordofuuf hanga (size) xaasaa irratti hundaa'un formulaa haaraa xaasaa 1–2 tu barbaachisa. Yeroo hundumaa fal'aana xaasaa formulaa waliin dhufu fayyadamaa.	**WALIIN MAKAA** bishaan awunsii 4 + formulaa duraanii fal'aana 3 + formulaa duraanii fal'aana 1	**WALIIN MAKAA** bishaan awunsii 4 + formulaa duraanii fal'aana 2 + formulaa duraanii fal'aana 2	**WALIIN MAKAA** bishaan awunsii 4 + formulaa duraanii fal'aana 1 + formulaa duraanii fal'aana 3	Qopheessudhaaf qajeelfamaa xaasaa formulaa haaraa irra jiru hordofaa.